



GETTY
MALCOLM X
1925 - 1965

Maalkom Eksi (X)

Hubachiisa

- Seenaan Kun Kan Fudhatame Kitaaba Eebbisaa Baayyisaa "***Gatiin Namaa Meeqa***" Jedhu Irraayyi.





.....

☆ *Eenyullee haa dubbatu, ani gama dhugaan jira. Eenyullee haa deeggaru eenyullees haa mormu, ani gama haqaati. Waan hundumaa duraani dhala namaati. Kanaaf walumaa galatti waanuma dhala namaa fayyadun deeggara……*


.....


☆ *Makkaa fi madiinaa deemee sirna hajjii erga raawwatee booda ilaalchi inni warra adiif qabu ni jijjiirame. "Imalli ani Gara Makkaatti taasise ija koo naaf bane; kana booda warra adiif ilaalcha sanyummaa hin qabaadhu. Warra adii mormuu kanan qabus halluu gogaa isaaniin osoo hin taane gocha isaaniitiini" jedhe Maalkoom Eksi*

.....

Barruu kana keessaa kan fudhatame.

- Haala Kanaan Qopheessee Kan Isiniif Dhiheesse ***Abdussalaam Idriis*** **(Seyfal-Islam)**
- **Komii Yoo Qabaattan 0905550014**







Maalkom Eksi (X)

" Warri bilisummaa namootaa mulqan, isaaniifis bilisummaan hin malu!" *Abraham lincon*

herli luutil nama kabajamaa maatii isaa waliin gammachuun jiraatu ture. Bara **1925 ALA,** Guyyoota ji'a gurraandhalaa keessa galgala tokko garuu maatiin lubichaa balaa irra bu'e. Manni isaanii hidhattoota fuula isaanii haguuggatanii fardaan deemaniin marfame. Hidhattoonni sun akkuma manichatti marsaniin rasaasa kaan gara asaamiitti kaanimmoo gara mana lubichaatti dhukaasuu eegalan. Galgala sodaachisaa ture.

Aadde luwiis Noorten Hiil, Haati manaa Herli Luutil, ijoollee ishee sadan raffistee dhufaatii abbaa manaa ishee eegaa turte -- Galgala sana. Ammoo ulfa ji'a ja'aa turte. Marfamuu mana ishee fii Sagalee dhukaasaa tureen akka malee jeeqamte.

Ofii hidhattoonni sun eenyu fa'i? Maaliif dhukaasu? Maal barbaadu? Jarri miseensota garee **'ku-klux'** jedhaman turan. Gareen kun garee ol aantummaa warra adii akka malee leellisuu fii ejjannoo ***" Gurraachi hundi dachee ameerikaa gadi lakkisee deemuu qaba"*** jedhuun sochoo'u turan. Gareen kun maatii gurraacha kanaaf sodaa guddaadha.

Hidhattoota keessaa tokko gara haadha manaa lubichaatti dhihaatee akkana ittiin jedhe ;" Yoo abbaan manaa kee dhufu itti himi. Guyyaan itti gurraachonni dachee ameerikaa irraa bahan dhihaateera. Isaa fii maatii isaa osoo nuti hin barbadeessin hatattamaan kutaa bulchiinsaa kana gad lakkisee akka ba'u itti himi" Isa booda waahhillan isaa waliin qawwee dhukaasuu eegalan. Mana luba heerli irratti dhukaasa roobsan. Manni maatii gurraachaa sun gubachuu yoo eegalu hidhattoonni sunniin gammachuu guddaansirbaa gara dhufanitti deebi'an.

Waltajjiilee hedduu irratti mirga gurraachotaaf lubbuu isaallee akka hin qusannee fi yoo barbaachisaa ta'e wareegamuuf qophii ta'uu isaa ibsaa kan ture lubni Herli sagantaa tokko irratti hirmaatee gara mana isaatti yoo galu manni

isaa gam tokkoon gubatee, maatiin isaa sodaafii yaaddoon liqimfamanii,,wantoonni jijjiiramanii arge, sanattis baay'ee gadde, Galgala sanaa eegalee maatiin isaa gaaffii tokko usa gaafatu turan: ***Bulchiinsa kana gadi dhiifnee haa deemnu!*** Lubichi gaaffii isaanii fudhatus haal duree tokko garuu isaaniif kenne; "Kan asii deemnu mucaan garaa jiru **dhalatee /dhalattee** booda ta'a" jedhe. Sun ta'ee ji'oota sadi booda achuma bakka manni isaanii Shororkeessitootaan gubate kutaa bulchiinsa Oomaaraa, Nebraaskaa keessatti **Maalkoom Eksi (X)** dhalate.

☆ Ijoollummaadhaan wanti ani baradhe tokko, waa yoo barbaadde sagalee dhageessisuu qabda kan jedhuudha.
Maalkom Eksi

● Harmeen maalkom dubartii gurraachummaa isheetti boontuu fi ofitti amanamummaa guddaa qabdu akka turte seenaan ragaadha. " Amalli ishee qulqulluudha, namoota ni jaalatti, haa ta'u malee warra adiif jibba guddaa qabdi turte, jibbi ishee sunis yeroo tokko tokko otoo itti hin beekamin ijoollee ishee irrattis ni calaqqisa ture" jedha maalkom erga guddatee waa'ee haadha isaa yeroo dubbatu.

○ Jibba harmeen isaa warra adiif qabdu akkanatti yaadata. ■ " Haati koo ijoollee ishee hunda keessaa hangafa keenya Wiilfireediif jaalala addaa qabdi. Sababni isaas immoo gogaan isaa akka malee gurraacha waan ta'eef, Ani gogaan koo xiqqoo waan ifuuf baay'ee aarti turte. Gaaf tokko otoo ani taa'ee kitaaba dubbisuu ol galte. "Maalkoom" jettee natti iyyite, "Gadi ba'ii aduu keessa taa'i. Aduun gogaa dhagna kee akka gurraachessun barbaada!' Hammamuu ijoollee ta'us dhugaan ani hubadhe tokko haati koo warra as diif jibba guddaa qabaachuu isheeti."

● Maalkoom haala kanaan guddachaa deeme. Jibbi warri adiin gurraachotaaf

qaban hammam guddaa akka ta'es kan hubate ijoollummaa isaatti ture. Dhiibbaan warra adii hammamuu itti ulfaatus maatiin maalkoomfaa jaalalaan jiraachuu itti fufan. Haa ta'u malee, guyyoota keessaa gaaf tokko waan hin eegamnetu ta'e.

▪ Yeroo sana maalkoom mucaa waggaa 6 ture. Akka lakkoofsa Awrooppaatti bara 1931 jechuudha. Abbaan isaa , lubni Herli, waaree booda tokko akkuma yeroo baay'ee raawwatu 'miilan hiikkadha' jedhee manaa ba'ee deemsa eegale. Baay'ee otoo hin fagaatin garuu haati manaa isaa , haati maalkoom jechuudha, fiigaa isa boodaan dhufte, Gara manaatti akka deebi'u iyyitee itti himte. Maalkoom haadha isaa hordofee fiigee achi ga'e. Yoo inni achi ga'u haati isaa akka inni manatti deebi'u abbaa maalkoom kadhachaa jirti.

Maalkoom.yaadannoo isaa gaaf sanaa akkanatti ibsa : "Haatikoo harka abbaakoo qabattee, mul'ata gadhee akka argitee fi gara manaatti yoo deebi'e gaarii akka ta'u itti himaa turte. Abbaan koo garuu waan haati koo itti himteef bakka hin laanne. Otoo isheen boossuu anis uffata ishee qabadhee otoon holladhuu achumatti nu dhiisee deeme. Galgala mana keenyatti walitti qabamnee otoo jirruu balballi mana keenyaa rurrukutame. Balbalicha kan bane ana ture. Poolisoota wal duraa duubaan mana keenya seenan yoo argitu haati koo naasuun jilbeenfatte. Otoo hin turin abbaan koo nama eenyummaan isaa hin beekkamneen rasaasaan dha'amee hospitaala akka seene dhageenye. Borumtaa abbaan keenya boqate. Maarree ijoollee ta'us gaafa sana dhugaa tokkon hubadhe : anis gaaf tokko rasaasa warra adiin dha'amee du'uun koo akka hin oolle."

● Duuti abbaa maalkom jireenya maatii sanaa irratti gadda guddaa uume. Kallattiin jireenya isaanii guutummaatti jijjiirame. Maatiin kaleessa jiruu gammachuu jiraachaa ture du'a abbaa isaanii booda rakkoo hamtuuf saaxilame. Galii xiqqoon haati isaanii hojjattee argattus maatii jiraachisuuf ga'aa hin turre. Ijoolleen ishee beelaan gaggabanii kufuu baay'isan. Falli dhibnaan marga waadanii myaachuuf akka dirqaman ni yaadata --Maalkom.

Haala hamtuu keessa osoo jiranii haati maalkom dhukkuba sammuuf saaxilamte. Ajaja mana murtiin hospitaala dhukkubsattoota sammuu seente. Ijoolleen ishee dirree irratti hafan. Haga umriin isaanii 18 guututti namni adiin tokko akka isaan guddisuuf guddifachaa kennamaniif. "Nuti ijoolleen gurraachi ajaja mana murtiin guddisee adiitti gurguramne. Gabrummaan

ammayyaas gaafa sana akka eegalamen hubadhe" jedha maalkom eks (X) waan sana yoo yaadatu.

• Dhukkuba sammuuf akka saaxilamtu kan ishee taasise tarii rakkoo hamtuu du'a abbaa manaa ishee booda ishee mudatee fi jibba guddaa isheen warra adiif qabdu ture. Maalkoomi fi obboleessi isaa Fiilberti shugguxii abbaa isaanii dhukaasuu shaakaluun illeetti adamsanii ajjeesuu danda'anii hamma tokko maatii isaanii damdamachiisanis beelli maaticha keessatti cimaa ture. Gaaf tokko namichi adiin tokko booyyee isa jalaa dulloome haadha maalkoomif kenne : ijoollee ishee waliin akka nyaattuuf. Deebiin isheen isaaf kennite garuu kan hin eegamne ture. "Ani nama adii irraa kennaa hin fudhadhu"! Jettee deebistee galchiteef. Ijoollee ishee amansiisuuf garuu amantaan isaanii booyyee nyaachuu akka isaan dhoorku itti himte. Deebiin kun garuu ijoollee isheef hin taane. Cimsanii ishee morman. Maatii beelaan miidhamaa ture foon booyyee nyaachuif carraa argate carraa akka salphaatti ilaalamu hin turre. Carraa sana dhabuu isaaniif ijoolleen hedduu ishee morman. Keessumaa maalkom akka malee haadha isaa morme. Maatiin hunduu ishee jibbe. Maatii sana keessatti wal qooduun kan eegale gaafa sana jedhamee tilmaama maalkom Eksi (X).

● Haala kanaan egaa haati maalkom hospitaala seentee yaalii ishee hordofuu eegalte. Ijoolleen ishee maqaa guddifachaan nama adiif kennaman. ALA bara 1952 malkom dargaggeessa waggaa 27 ta'ee otoo jiruu yeroo dhumaaf haadha isaa hospitaala deemee dubbise. Taatee gaaf sanaa miira suukkanneessan yadata. "Guyyaan sun jireenya koo keessatti guyyaa ani hin irraanfanne ture. Waggootaaf nahammattee. Kunuunsitee. Na dhungattee . Jaallattee kan na guddiste haati koo yeroo na argitu eenyu akka ani ta'ellee adda baastee beekuu hin dandeenye. Xiyyeeffannoon na ilaaltee waan biroo haasofti. Gaddi koo akka koochoo simbiraa ededa boollaa irraa qilleensatti gadi dhiifamee miira guddaa na keessaati uume. Keessi koos ni jeeqame. Hospitaalicha keessaa boo'aan gadi ba'e. Guyyaa sana booda deebi'ee haadha koo ijaan hin agarre." Jedha.

Abbaa fi haadha isaa kan of biraa dhabe malkom Eksi jireenya dargaggummaa isaa itti fufe. Jireenyi isaa garuu kallatttii gaarii irra hin deemne.amalli isaa guyya as dhaa guyyaatti badaa deeme. Hannaa fi saamicha hamaa keessatti kufe. Hashiishii aarsuu irrayyuu darbee daldalaa hashiishii balaafamaa ta'e. Yakkamaa beekamaa ta'e. Qawwee fi shugguxiin isarraa adda hin ba'an turan. Yeroo akkanaa sana ture j uhh raachuu Rabbiiyyuu / waaqaayyuu kan gane.

Eeyye " Rabbi / waaqni hin jiru" jedha ture. Maalkom Eksi (x).

Jireenya ijaa fi ijoo hin qabne kana keessatti gaaf tokko taateen mana hidhaa isa buuse tokko isa mudate. Sa'atii qaalii tokko hatee otoo baatuu jalaa lafa bu'ee kiristaalli isaa cabe. Isa booda akka isaaf suphuuf sa'aticha geessee nama sa'atii haaromsutti kennate. Namichis irraa fiudhee beellama kennee fii geggeesse. Malkom gaafa beellamni ga'u sa'atii jedhametti bira dhufe. Taa'ee otoo jiru namichi sa'atii suphu sun nama wa'iitti mallattoon otoo isa agarsiisuu arge. "Balaan wa'ii akka na qaqqabaa jiru hubadhe" jedha malkom waa'ee yerottii sanaa yoo yaadatu.

● Battalumatti poolisiin tokko harka giibii/kiisii kaa'atee otoo gara isaa dhufuu arge" Achi hiqii taa'i jedhee na ajaje!" Jedha malkom harka isaa gii poo hiitti / kiisiitii galfate. Shugguxii isaa baadhataa ture. Amma carraa lama qaba. Tokko shugguxii isaa fayyadamee jara jalaa miliquu. Yookaan immoo shugguxicha poolisiitti kennee mana hidhaa seenuu. Carraawwan kana lachuu erga yaadee booda shugguxii qabatee ture baasee poolisichatti kenne. Poolisichi meeshaa qabaachuu isaa tasuma hin yaanne ture. Gaafa malkom shugguxii baasee itti kennu akka malee rifate. Shugguxicha irraa fuudhee poolisoota isa booda jiranitti kenne.

Haala kanaan malkom Eksi mana murtiitti dhi'aate. Yakkawwan inni duraan raawwaachaa tures itti dabalanii yakka isaa ammaa waliin dubbisaniif. Waggoota kudhan mana hidhaa akka turu manni murii isatti murteesse.

● mana hidhaa keessaati jireenyi maalkom kallattii addaa qabate. Guutummaan guututtis ni jijjiirame. Carraawwaan gaggaarii mana hidhaatti isa mudatan keessaa tokko Afaan Ingiliizii dubbisuu fi barreessuu barachuu isaa yoo ta'u, Carraa barnootaa ijoollummaa isaatti dhabe amma argachuu danda'e. Barachuu isaaf bu'aa inni argate inni guddaan mana hidhaa sana taa'ee xalayoota isaa barreessuu fi dubbisuu danda'uu isaa akka ture dubbatee ture.

■ Mana hidhaa keessaati obboleessi isaa Fiilberti xalayaa isaaf erge. Xalayaa isaa keessattis amantaan uumamaan gurraachotaaf kenname akka jiruu fi amantaan sun immoo islaama akka jedhamu eeree barreesseef. "Akka inni si fayyisu ALLAHAA kadhadhu!" Jedha xalayicha keessatti. Xalayaa Fiilbertiiif hagas mara iddoo laatuu baatus, xalayaan biroon obboleessa isaa biroo Reejinaaldhii jedhamu isaaf barreesse garuu dhimmichaaf xiyyeeffannoo akka kennu isa taasise. Kana

booda foon booyyee akka hin nyaanne. Tamboos akka hin aarsine erga isa akeekkachiisee booda karaa inni ittiin mana hidhaa keessaa ba'u akka isatti agarsiisuwaadaa seeneef -- Rejinaaldi.

Xalayaa obboleessi isaa Rejinaaldi isaaf erge abdii haaraa isa keessatti uume. Yeroo sana waan hundumaa caalaa wanti malkom barbaadu mana hidhaadhaa ba'uu ture. Nama akkanaaf immoo xalayaan sun abdii guddaa kennaaf.

Maarree akkuma xalayaa Rejinaaldi dubbiseen foon booyyee nyaachuu dhaabe. Tamboo aarsuus akkasuma. Borumtaa isaa itti gaafatamaan mana nyaataa mana hidhichaa akka inni nyaatuuf foon booyyee laannaaniif dide. Obboleessi isaa maaliif akka isa dhoorke beekuu baatus garuu ejjannoo cimaan dide. Namoonni sana dhaga'an hedduun akka isatti kolfanis yaadannoo maalkom ture.

☆ Sana booda barumsa islaamummaa haalaan hordofuu itti fufe. Jechama " *Gurraachi foon booyyee nyaatu malee jiraachuu hin danda'u!"* Jedhu jijjiiruu danda'uu isaaf ofitti boone. Barnoonni islaamummaa itti tolaa deeme. " Tarkaanfii tokko ALLAATTI yoo dhiyaattu inni immoo tarkaanfii lama sitti dhihaata!" Barumsi jedhu haalaan keessa isaa tuqe. Amantaa islaamaa akka inni fudhatu cimsanii isa kadhachaa kan turan obbolaan isaas amantii islaamaa fudhatanii turan.

• Haala kanaan osoo jiruu Malkom gara mana hidhaa Noorfolki jedhamutti jijjiirame. Manni hidhaa kun mana kitaabaa Kitaabota hedduu qabu of keessaa qaba ture. Sun isaaf carraa gaarii ture. Barreefamoota waa'ee islaamummaa ibsan haala ga'aan argatee dubbisuu fi beekkumsa isaa gabbifachuu danda'eera.

• Guyyoota keessaa gaaf tokko Rejinaaldi maalkoomin gaafachuu gara mana hidhichaa deeme. Carraa sanaanis waa'ee amantaa islaamaa bal'inaan itti hime**. "Namni rabbi waa isa beeksise tokko gara biyya keenyaa dhufeera. Maqaan isaa eliyaas muhammad jedhama. Akkuma keenya gurraacha ta'uun isaa immoo daran akka isa amannu nu taasiseera"** jedhee itti hime. Obboleessi maalkom Rejinaaldi gaafa sana warri adiin daabiloos / sheyxaana ta'uu isaanii itti hime. Innis guyyoota itti aanan hedduuf waa'ee hammeenya warra adii yaadaa ture.

Yeroo murtaa'e booda maalkom eliyaas muhammadiif xalayaa barreessullee deebii hin argatin ture. Nuffii malee xalayaa barreessaa fi kan ture malkom, xalayoota 25 barreessee fi booda ture deebii gabaabduu eliyaas irraa kan argate. Deebiin sunis akkana jedha : " Fuula kee Gara Allaahaatti deebisi! Isa qofa kadhadhu!" Kan jedhu ture. Xalayaa deebii qabattee turte kana keessas doolaara 5 kaa'ee ergeef.



◇ Maalkom mana hidhaa keessatti barumsa guddaa akka argate hima. Barnoota koolleejjii kamuu keessaa hin arganne achitti barachuu isaa dubbataa ture. " **Waa'ee islaamummaa, jaalala, bilisummaa, ... mana hidhaa keessatti hedduu baradheera. Hundaa ol garuu waggoota 400 oliif dafqii fi dhiigni girraachotaa itti kaffalame kan duroomte waa'ee Ameerikaa haalaanan bare"** jedha maalkom yeroo dubbatu.


■ Mana hidhaa waggootaaf erga turee booda maalkom eks (x) bara 1952 ALA yoo bilisa ba'u wantoota sadi akka barbaadu itti himannaan obboleettiin isaa bittee kenniteef. 1ffaan Kishaafa ykn fuullee ijaa, 2ffaan Boorsaa, 3ffaan sa'atii inni hundaa caalaa jaallatu ture. Waa'ee wantoota kanaa yoo dubbatu maalkom akkana jedha, " Wantootan mana hidhaatti dubbise sirreessee akkan arguuf kishaafa ykn fuullee ijaa na barbaachise. Qaamnikoo mana hidhaatti hidhamee ture imalabara jireenya isaa isa darbeetti qabamuuf jira jedhee yaadeen barbaachisummaa boorsaatti amane. Hunda caalaa immoo fiigichi koo yeroo waliin waan ta'eef sa'atii koon jaalladhe!" Jedha. Erga mana hidhaatii ba'ee booda hojiiwwan adda addaa hojjachaa kan ture Maalkom Eksi, Eliyaas muhammad bira deddeebi'uun barumsa isaan barsiisan barachaa ture. Booda ofumaa isaayyuu barsiisaa beekkamaa ta'aa dhufe. Beekkamtiin isaas yeroo gabaabaa keessatti guutummaa Ameerikaa wal ga'e. Barruuleenii fi gaazexaawwan adda addaa suuraa isaan guutaman. Hammuma sana immoo akka waan inni sanyummaa leellisuu fi kijiba kiristaanotaa qabuutti mormii guddaan irratti adeemsifamuu jalqabe.

● Shira warroonni adiin gurraachota qoqqooduuf hojjataa turan dursee kan hubate maalkoom Eksi shira sana fashaleessuuf waan danda'u hunda raawwachuu itti fufe. Boosteenitti argamuun gaaf tokko dubbii akkana jedhu gurrachotatti dubbate: " Gurraachota obboloota koo! Amantaa kamuu hordofaayookaan immoo amamtaa hordoftan hin qabaatinaas wanti

walitti nu hidhu kan waloo keenyaa wanti ta'e tokko ta'uu keenya. Diinni keenya immoo warra adiidha." Kedhe.

¤ Haasaawwan onnachiisoo fi ajaa'ibsiisoo inni taasisaa ture gurraachota biratti jaalala guddaa goonfatullee warra adii biratti garuu akka inni jibbamu taasisan. #"Koomeen warra adii kan warra gurraachotaa irra dhaabbate hamma irraa ka'utti boqonnaa hin qabu!" Jechuun sochii isaa cimsee itti fufe. Hammuma sana immoo jibbaa fi doorsisni warra adii irraa isa mudatu guddachaa deeme. Dhuma irratti sadarkaa lubbuu isaaf sodaachisu irra ga'e.

☆ ***Makkaa fi madiinaa deemee sirna hajjii erga raawwatee booda ilaalchi inni warra adiif qabu ni jijjiirame. "Imalli ani Gara Makkaatti taasise ija koo naaf bane; kana booda warra adiif ilaalcha sanyummaa hin qabaadhu. Warra adii mormuu kanan qabus halluu gogaa isaaniin osoo hin taane gocha isaaniitiini" jedhe Maalkoom Eksi.***



Dhuma irratti...

Niwu yoorkitti kan argamu galmi ragadaa Awudooben qophii addaa waan qabuuf namoota kumaatamaan lakkaa'amaniin guutee jira. Guyyaan isaa Gurraandhala 21 bara 1965 ALA ture. Saganticha irratti haasaa akka taasisuuf kabajaan kan affeerame Maalkoom Eksi ture. Kaayroo

do'atee dhihoo ture kan deebi'e. Qindeessitoonni saganticha waan muraasa erga dubbatanii booda haasaa akka inni taasisuuf wal tajjii isaaf kennan.



Wal tajjiitti ba'ee haasaa taasisuu eegale. *"Har'a haasaa kanan taasisu dhiphina keessa keenya jiru tasgabbeessuufi. Keessumaa nu gurraachota keessa dhiphinni hin malle akka buufate natti dhaga'ama...."* isaa jedhuu namoota walitti qabamanii dhaggeeffachaa turan keessaa tokko nama isatti aanee jiruun, "Harka kee Giiphii/Kiisii koo keessaa baasi!" Jedhee itti iyyuun hudhee qabate.Qalbiin namootaa gara namoota walitti iyyan sanaatti deebi'e. Akka tasgabbaa'an gaafatamanis jarri garuu tole hin jenne. Waltajjiicha irra dhaabbatee Maalkom namichi akka tasgabbaa'u gaafatullee itti hin milkoofne.


* Haala sana keessa osoo jiranii gurraachonni sadi meeshaa waraanaa hidhatanii turan gara fuulduraa dhufanii Maalkom Eksi dura dhaabbatan. Battalumattis meeshaa qopheeffatan sanaan rasaasa itti roobsan. *Gootichi gurraachota Ameerikaa Achumatti kufe.

Gaafa abbaan isaa harka namaan galaafatame innis gaaf tokko harka warra adiitti galaafatamuuf akka jiru raajee kan ture Maalkom Eksi, akka yaade warra adiin osoo hin taane gurraachota akka isaan galaafatame. Sagaleen bilisummaa warra gurraachotaaf falmii cimaa irra ture samii Ameerikaa jalaa callise. Al tokkoo fi isa dhumaa Maalkom Eksi Hirriba deebi'ee hin dhammaqne rafe / Nu boqate / Du'e.

Maalkom Eksi (X)


● Warri adiin ajjeefamuu Maalkom Eksi akka injifannoo guddaatti lakkaa'atan. Daran akka gammadan kan isaan taasise ammoo Maalkom gurraachota akka isaan ajjeefamuu isaa ture. " Gaafa sana dhukaasa obbolaan keenya gurraachonni Maalkomitti dhukaasan caalaa kolfi warra adii nu boodaa humnaan dhaga'ama ture!" Jedha yeroo Maalkom ajjeefame isa bira kan ture falmaan mirga gurraachotaa tokko.

◇ *Bara jiraatetti seenaa yoomiyyuu hin dagatamne hojjatee, Gurraachota Ameerikaaf sagalee Bilisummaa ta'ee, Haasaawwan isaa dhaggeefatamanii hin quufamne sanaan namoota hedduu dammaqsee... falmaan mirga gurraachotaa harka gurraachotaatti galaafatame. Akkuma nama du'e kamuu sirni awwaalcha isaas ni raawwatame. Gurraachotaaf gadda onnee madeessu, warra adiif immoo injifannoo guddaa ta'ee darbe.!*



▪ Maalkom Eksi irraa waan barannu hedduu qabna. Keessumaa lammii ofiif quuqamuu haalaan irraa baranna. Rakkoo ulfaataa gurraachonni Ameerikaa keessa jiran furuuf yeroo fi humna isaa kennee dadhabe nuffe osoo hin jedhin irratti hojjate. Walqixxummaa Gurraachotaa biyyattii keessatti akka mirkanaa'uuf akka nama tokkootti hamma isa irraa eegamuu ol taphateera. Kutannoon isaa adda. Doorsisaa fi jibba warra adii irraa isa mudate hunda danda'ee qabsoo isaa finiinseera. Dhuma irratti garuu, Harki harka muree, Gurraachonni inni lubbuu isaatti murteessee qabsaa'eef isa galaafatan. Eeyye, warra inni isaaniif qabsaa'aa turetu rasaasa itti roobsee galaafate!





▪ Dubbiiwwan Maalkom Eksi yeroo adda addaatti taasisan keessaakan fudhataman muraasa:

☆ Waa'ee walii keenyaaf ifa dabalataa barbaadna. Ifti hubannaa uuma, Hubannaan jaalala uuma, jaalalli obsa uuma, obsi immoo tokkummaa uuma.

☆ Of eeggachuudhaa yoo baatte, gaazexaawwan akka waan ati

cunqurfamtoota jibbituu fi cunqursitoota immoo jaallattuutti si dhi'eessu.

☆ Addunyaa kana irraa humna guddaa kan qaban miidiyaaleedha. Nama qulqulluu yakkamaa, yakkamaa immoo qulqulluu taasisuu danda'u. Sun humnadha. Sababni isaas isaan sammuu hawaasa bal'aa to'atu waan ta'eef.

☆ Namni ogeessi akka nama wallaalaatti hojjachuu danda'a, wallaalaan garuu akka ogeessaatti hojjacjuu hin damda'u.

☆ Waan ta'e tokkoof hin dhaabbatu taanaan waan hundaaf kufta.

☆ Olloota hiyyeeyyii waliin yoo jiraattu, naannoo manneen barnoota hiyyeeyyii jiraatta, Naannoo manmeen barnoota hiyyeeyyii yoo jiraattu, barsiisota hiyyeeyyii qabaatta. Barsiisota hiyyeeyyii yoo qabaattu, barumsa qulqullina hin qabne qabaatta. Barumsa qulqullina hin qabne yoo qabaattu, Hojii kafaltii xiqqaa siif kafalu hojjatta. Hojiin kaffaltii xiqqaan sun ammas Olloota hiyyeeyyii waliin akka jiraattu si taasisa. Maraanmartoo balaafamaadha.

☆ Nama akka seexanaa kan ergamaa rabbii/waaqaa fakkaatee sobaan natti dhufu irra, dogongora ta'ullee nama ejjannoo isaa na beeksiseefan kabaja ol aanaa qaba.

☆ Eenyullee haa dubbatu, ani gama dhugaan jira. Eenyullee haa deeggaru eenyullees haa mormu, ani gama haqaati. Waan hundumaa duraani dhala namaati. Kanaaf walumaa galatti waanuma dhala namaa fayyadun deeggara.

☆ Amma ta'uu yoo baate yoomi, ana ta'uu yoo baate eenyu?

☆ Waanuma harka kee irratti argatte hunda dubbisi, sababni isaas yaada eessaa akka argattu hin beektu.

☆ Ani yeroon dhaladhe gurraacha, yeroon guddadhus gurraacha, yeroon aduu keessa taa'us gurraacha, yeroon dhukkubsadhus gurraacha, yeroon du'us ani gurraachuma. Isin garuu .... yeroo dhalattan siddisa(pink)dha, yeroo guddattan adiidha, yeroo isinitti qorru cuquliisa, yeroo dhukkubsattan magariisa, yeroo duutan daalacha taatu; kana keessa immoo hallu-qabeessa (coloured) jettanii na waamtu.

☆ Haati dhala isheef barsiiftuu ishee jalqabaati. Ergaa isheen mucichaaf kennite inni immoo addunyaaf kenna.

☆ otoo hin mirkaneeffatin waanuma namoonni siin jedhan fudhachuu yoo amaleeffatte, dhuma irratti akka ati michoota kee jibbituu fi diinota kee jaallattu si taasisu.

☆ waan ati hojjattu hojjachuu fhabuu isaaf yookaan akka ati yaaddutti yaaduu dhabuu isaaf akkasumas akka kee saffisuu dhabuu isaaf nama komachuuf hin ariifatin. Waan har'a beektu kana yeroo ati hin beekne tokko tureera waan ta'eef.

☆ Nuti namoota nu hin fincille hin fincillu.

☆ Gufachuum kufuu miti.

☆ Gaariin gidiraa caalu hin jiru. Kufaatiin kamuu, gaddi kamuu, dhabiinsi kamuu, sanyii mataa isaa qaba; barnoota ittiin hojii kee gara fuula duraa fooyyeffattu of keessaa qaba.

☆ Fincila karaa nagaa ilaalchisee, nama miidhama akka malee keessa jiru akka inni of irraa hin dhoorkine barsiisuun yakkadha.

☆ Barumsaan ala, addunyaa kana irraa eessayyuu ga'uu hin dandeessu.

☆ Eenyullee bilisummaa kee siif hin kennu. Eenyullee wal qixxummaa yookaan haqa

yookaan waan biroo siif hin kennu. Yoo nama taate Si'umatu fudhata.

☆ Eenyullee haa hojjatu, yookaan haa dubbatu Dogongorri Dogongoruma.

☆ Namoonni yeroo baay'ee yeroo gaddan, homaa hin godhan. Haaluma isaanii qofaaf boo'u. Yeroo aaran garuu jijjiirama fidu.

☆ Obbolummaa dhala namaa hundumaatti nan amana. Garuu Obbolummaa nama ana waliin Obbolummaa isaatti hin amannetti hin amanu. Namootaa kunuunsuutti nan amana. Nama deebisee na kinuunsuu hin beekne kunuunsuuf garuu yeroo koo hin gubu.

☆ Jijjiiramni yoo haala gaariin jijjiirame qofa gaarii ta'a.

☆ Nagaa Bilisummaa irraa adda baasuun hin danda'amu. Sababni isaas bilisa ta'uu yoo baate namni kamuu nagaa hin qabaatu.

☆ Diinni isaa akka ijoollee isaa barsiisu kan hayyamu gowwaa qofa.

☆ Ijoollummaadhaan wanti ani baradhe tokko, waa yoo barbaadde sagalee dhageessisuu qabda kan jedhuudha.

☆ Sochii keenya keessatti dogongorri inni guddaan namoota rafan galma murtaa'aa tokkoof ijaaruudha. Jalqaba ummata dammaqsuu qabda, isa booda tarkaanfiitti seenta.

☆ Fuula kee isa kaan yoo itti qabde, waggoota 1000 biroof gabroomfamta.

☆ Nama si caala milkaa'e yoomuu gaafa agartu, namichi waan ati hojjachaa hin jirre tokko hojjachaa jira jechuudha.

☆ Dhugaan yoomuu hin jijjiiramu, hubannaa waa'ee isaaf qabnutu jijjiirama malee.

☆ Akka of jibbitu eenyutu si barsiise?

☆ Yeroon anaaf dhageenya caalaa bu'aa qaba.

☆ Gammachuu guddaan kan dhufu dukkana guddaa booda.

☆ Namoonni Guutummaan jireenya namaa hammam kitaaba tokkoon jijjiiramuu akka danda'u hin hubatan.

☆ Maaddicha irraa yoo waa nyaatte malee naannoo gabatee taa'uun irbaata siif hin ta'u. As Ameerikaa jiraachuun lammii Ameerikaa si hin taasisu. As Ameerikaatti dhalachuun lammii Ameerikaa si hin taasisu.

☆ Yeroon har'a gama warra cunqurfamanii jirti, cunqursitoota ni mormiti. Dhugaan har'a warra cunqurfaman waliin jirti, cunqursitoota immoo ni mormiti. Kana irra wanti si barbaachisu hin jiru.

☆ Namni biroon akka bilisa si baasuuf yeroo kadhattu mara, bilisoomuu hin dandeessu. Bilisummaan wanta ati ofiif hojjachuu qabduudha.

☆ Waan duraan kankee ta'ee jiru siif kennuu isaaf akkamitti nama galateeffachuu dandeessa!?

☆ Mukti hidda hin qabne du'aa akkuma ta'e, sabni seenaa yookaan aadaa hin qabnes du'aa ta'a.

☆ Yeroo tokko tokko qawwee gad qabuuf qawwee ol kaasta.

☆ Ofii keenyaa osoo of hin simatin namoonni akka nu simatan eeggachuu hin dandeenyu.

Xumurameera!

Waan dubbiftaniif Galatoomaa!

Yaada ykn qeeqa yoo qabaattan;
0905550014